

Waggaa 28 <sup>ffaa</sup> ..... Lak. .... 5/2012  
 የፌዴራል ዓመት ..... ቁጥር ..... ፳/፭፻፲፬  
 28<sup>th</sup> year ..... No. ..... 5/2019



Finfinnee,.....Caamsaa 16 Bara 2008  
 ዓ.ም. .... ፳፻፱ ዓ.ም. ዓመት  
 Finfine,.....May 24, 2016

# MAGALATA OROMIYAA

## L u E p % Z Më !

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... Qarshii 41.80 የአቶ አቶ ..... ፪C 41.80 Unit Price ..... Birr 41.80	To'anno Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ስሜ የክፍያ ደንብ የክፍያ ደንብ	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000 ፕ.ስ.ቁ.፩፻፲፬ ..... 21383-1000 P.O.Box ..... 21383-1000
---	--	---

<b>QABIYYEE</b> <u>Dambii Lakk. 182/2008</u> Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lakk. 155/2005 Irra Deebiidhaan Fooyessuu Bahe Lakk 182/2008.....Fuula 1 Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lakk. 155/2005 Irra Deebiidhaan Fooyessuu Bahe Dambii Lakk. 182 /2008 Misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa imaammata Biyyattii waliin walsimsi-isuun mirga itti fayyadama lafaa karaa iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabuun sirna liiziitiin bulchuuf seerotni bahan qixa haala addaa Naannoo Oromiyaa hubannoo keessa galchee aadaa, eenyummaa fi fayyadamummaa ummata Naannichaa magaalota keessatti mirkaneessuu dandeessisuun akka raawwataman taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef; Labsii liizii lafa magaalaa karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuun ummanni misooma lafa magaalaa irraa fayyadamaa taasisuun akka danda'amutti Dambii Lafa Magaalaa Sirna Liiziin Bulchuuf bahee ture haala qabatamaa yeroo ammaa waliin wal simsiisuun fooyessuu barbaachisaa ta'ee waan argameef;	<b>ማግኘት</b> <b>ዶንበኛ ቁጥር ፩፻፲፬/፪፲፬</b> ዶንበኛ ቁጥር ፩፻፲፬/፪፲፬ የአመራር ከላል የተተማ መሬት በሌላ ለማስተዳደር እንደገና ለማስኬል የወጪ ዶንበኛ ቁጥር ፩፻፲፬/፪፲፬ ..... ጥሩ ዕ ዶንበኛ ቁጥር ፩፻፲፬/፪፲፬ የአመራር ከላል የተተማ መሬት በሌላ ለማስተዳደር እንደገና ለማስኬል የወጪ ዶንበኛ ቁጥር ፩፻፲፬/፪፲፬ የተተማ መሬት ለማትና አስተዳደር ከሆነው ጽልሰ ዓይ በማጣጣም መሬት የመጠቀም መብት ጽልሰና ተጠቃሚነት በሌው መንገድ በሌላ ስርዓት ለማስተዳደር የወጪ ተንሽ የአመራር ከላል ለይ ሁኔታ ቅጂት ወሰጥ ለማስተባት የከለለን አካባቢ ባህል ማንኛነት ተጠቃሚነት በተተማ ወሰጥ ለማረጋገጥ በሚያስችል ሁኔታ እንዲችል የተተማ መሬት ለሌላ አዋጅን በተሚለ መልከት ለይ በማዋል ህዝቦች የተተማ መሬት ለማት ተጠቃሚ ማድረግ እንዲችል የተተማ መሬት በሌላ ለማስተዳደር በሌሉ ለይ ያለውን ዶንበኛ ከውቅ ተጨማሪ ሁኔታ ዓይ በማጣጣም ማስኬል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ;	<b>CONTENT</b> <b>Regulation No. 182/2016</b> Regulation No. 182/2016 A Regulation to Amend Oromia Regional state Urban land Leasehold Administration, No. 155/2013 .....Page 1 Regulation No. 182/2016 A Regulation to Amend Oromia Regional state Urban land Leasehold Administration, No. 155/2013 Whereas, it has become necessary to enable the laws enacted to be implemented in a way that take into account the special situation of oromia Region and ensure the culture, identity and benefit of the people of the Region in the urban center by administering the right of land utilization in lease system in a transparent and accountable manner and by making urban land development and administration compatible with the policy of the country; Whereas, it is found necessary to amend the existing urban land leasehold administration regulation in line with the existing situation so as to make the people benefit from the urban land development by fully implementing the urban land lease holding proclamation;
--	---	---

Akkaataa Labsii Federaalaa Haala Lafti Magaalaa Liiziin Itti Qabamuuf Bahe lakk. 721/2004 keewwata 33 (2) fi Labsii Qaamolee Raawwachiiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.163/2003 keewwata 65 (2)tiin Dambii kanatti aanu bahee jira.

### Kutaa Tokko

#### Tumaalee Waliigalaa

##### 1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun “Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Irra Deebiidaan Bahe Lakk. 182 /2008” jedhamee waamamuu ni danda'a.

##### 2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 2) “Mana Maree Bulchiinsaa” jechuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 3) “Biiroo” jechuun Biiroo Industrii fi Misoomaa Magaalaa Oromiyaati.
- 4) “Ejensii” jechuun Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechu dha.
- 5) “Labsii” jechuun Labsii Federaalaa Haala Lafti Magaalaa Liiziin Itti Qabamuuf Bahe lakk. 721/2004 jechuu dha.
- 6) “Liizii” jechuun sirna qabiyyee lafaa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa waliigaltee daangaa yeroon murtaa'etiin itti argamu dha.
- 7) “Magaalaa” jechuun iddo manni qopheessa keessatti hundaa'e yookiin ummanni 2000 fi isaa ol kan keessa jiraatuu fi kana keessa yoo xiqqaate humna namaa %50 kan ta'u hojii qonnaan alaarratti bobbæe argamu dha.
- 8) “Lafa Magaalaa” jechuun lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechu dha.

የከተማ በታን በለን ስለመያዝ በወጣው የፌዴራል አዋጅ ቅጥር 721/2004 አንቀጽ 33 ዘዴት አንቀጽ 2 እና የአድማንደ በኢትዮጵያ ከልላዊ መንግስት አስፈላጊ አካላት አዋጅ ቅጥር 163/2003 አንቀጽ 65 ዘዴት አንቀጽ 2 መሰረት ይህ ደንብ ወጥቷል::

### ክፍል አንድ መጀለ ድንጋጌዎች

#### 1. አዋጅ ሰነድ

ይህ ደንብ “የአድማንደ ከልላ የከተማ መራት በለን ለማስተዳደር አንቀጽና የወጣ ደንብ ቅጥር 182/2008” ተብሎ ለመቀበ ይችላል::

#### 2. ትርጓሜ

የቁል አገባብ ለለ ትርጉም የሚያስጠው ከልማት በስተቀር በዘመኑ ደንብ ወሰኑ::

- 1) “ስልል” ማለት የአድማንደ ከልላ ነው::
- 2) “መስተዳደር የክር በት” ማለት የአድማንደ ከልላዊ መንግስት መስተዳደር የክር በት ነው::
- 3) “ቢሮ” ማለት የአድማንደ አንቀጽ ስራና ከተማ ለማት በር ነው::
- 4) “አድራሻ” ማለት የአድማንደ ከልላ መንግስት የከተማ መራት ለማትና ማማሪዎችን አድራሻ ነው::
- 5) “አዋጅ” ማለት የከተማ በታን በለን ስለመያዝ ስለመንግሥት የወጣው የፌዴራል አዋጅ ቅጥር 721/2004 ነው::
- 6) “ለን” ማለት የከተማ በታ የመጠቀም መብት በትዕስ በተገዢዎ ወል የሚያዘበት የመራት ስራት ዓይነት ነው::
- 7) “ከተማ” ማለት ማዘጋጀ በት የተቋቋመበት ወይም ሆኖት ስ. ወይም ካለም በለይ የህዝብ ቅጥር ያለውና ከዚህ ወሰኑ 50 በመቶ የሚያስነው የሰው ቤት ከሚጠና ወጪ በዚህ ሆኖ ላይ የተሰማሸሚያ የሚገኘበት አካባቢ ነው::
- 8) “የከተማ መራት” ማለት በከተማ አስተዳደሩዋ ወሰን ከልላ ወሰኑ የሚገኘ መራት ነው::

Now, therefore, in accordance with Article 33(2) of Federal Urban Land lease holding Administration proclamation No.721/2011 and article 65(2) of Oromia Regional State Executive Organ Proclamation No. 163/2011, the following regulation is hereby issued.

### Part One General Provisions

#### 1. Short Title

This regulation may be cited as “Regulation No 182/2016, A regulation to Amend Oromia Regional state Urban Land lease Holding Administration, No.155/2013,”

#### 2. Definition

Unless the context requires otherwise, in this regulation:

- 1) “Region” means Oromia Region;
- 2) “Administrative Council” means Oromia Regional State Administrative Council.
- 3) “Bureau” means Oromia Industry and urban development Bureau.
- 4) “Agency” means Oromia Regional State Urban Land Development and Management Agency;
- 5) “Proclamation” means Federal Urban Lands Lease Holding Proclamation No. 721/2011.
- 6) “Lease” means a system of land tenure by which the right of use of urban land is acquired under a contract of a definite period.
- 7) “Urban Centre” means any locality having a municipal administration or a population size of 2000 and more inhabitants of which at least 50% of its labor force is engaged in non-agricultural activity.
- 8) “Urban Land” means a land located within administrative boundary of an urban center.

- 9) "Lafa Faayidaa Ummataaf Ramadamu" jechuun uummattin kallat-tiin yookiin al-kallattiin mirga itti fayyadamummaa lafa irraa qabu mirkaneessuu fi misooma ha-waas-diinagdee itti fufinsa qabu akka argatu taasisuuf Ejensichi pilaanii magaalaa bu'uura godha-chuun lafa faayidaa ummataaf murteessu jechu dha.
- 10) "Ramaddii" jechuun nama yookiin pirojektoota caalbaasi-in keessummeeffamu hin daneenyeef faayidaa gama hawa-a-summaa fi diinagdeen qaban madaaluun dorgommii caalba-sii liiziin ala haala lafti liiziin itti kennamu jechu dha.
- 11) "Caalbaasii" jechuun bu'uura ulaaga dorgommii sirna dor-gommii gabaa irratti hundaa'ee bahuun dorgommiin gaggeeffa-mee moo'ataa caalbaasiitiif haala qabiyyeen lafa magaalaa lii-zidhaan itti darbu jechu dha.
- 12) "Caalbaasii Addaa" jechuun gosa caalbaasii dorgomaan caalbaasiif dhiyaate tokko ta'uus pirojektoota Labsicha keewwata 11 (7) jalatti tarreffamaniif haala lafti caal-baasiidhaan itti darbu jechu dha.
- 13) "Koree Caalbaasii Raawwachi-isu" jechuun hojjattoota mootummaa seera hojjattoota mootummaa irratti hundaa'uudhaan dhaabbataan qaxaramanii fi ogeessota ogummaa barbaadu qaban kan ofkeessa qabu caalbaasii liizii lafaa akka raaw-wachiisaniif haala akka mijees-san miseensa koree ta'anii rama-daman jechu dha.
- 14) "Pirojektoota Faayidaa Addaa Biyyoolessaa Qaban" jechuun guddinaa fi tiraanisfoormeesh-inii biyyaa keessatti pirojektoota misoomaa jijiirama o'aanaa fid-uu danda'an yookiin hariiroo biyyattii gama hundaa babal'siuuf sochii biyyattiin taasiftu keessatti biyyoota biroo waliin walitti dhufeinya uumamuuf bu'uura buusuuf pirojektoota mootum-maan karoorfaman jechu dha.

- 9) "ለኢትዮጵያ ጥቅም የሚመራበት መሬት" ማስተካከለ በቀጥታ ወይም በተዘዋዋሪ መዝግቦ ስነዕስ በመረጃ ላይ ያላቸውን ተጠቃሚነት ለማረጋገጥና የሚሆኑውን አክምሮች ለማሳት በቀይነት እንደሆነ ለማድረግ እናደንብ በከተማው ጥንገኘ መሬት ለሆነው ብቻ የሚመለከው በታች ነው::
- 10) "የሚደባቸው ማስተካከለ በጨረሱት ለሰነድነት ለማይችሉ ሲሆን ወይም ጥርቃኑዋች ባለቸው ማሆኑውን አክምሮች ፍ.ይ.፩ እናተመዘገበ ከላይ በጨረሱት መሬት ለመረጃ በሌላ የሚሰጥበት ሁኔታ ነው::
- 11) "ጨረሱት" ማስተካከለ በበንያ የወጪናርድ ሥርዓት በሚመለከው የወጪናርድ መስፈርቶች መሬት እናናፋ ለማሆኑው ተመራሽ የከተማው የመረጃ ይዘዋል በሌላ የሚተለፍበት ሁኔታ ነው::
- 12) "ልዩ ማሻረት" ማስተካከለ ማሻረት የቅረቡ ተመራሽ እና በመንግሥት በአዋጅ እናቀጽ  
11 ዓዲስ እናቀጽ 7 ለተጠቀሰት ጥርቃኑዋች በታች በጨረሱት እንዲሁ የሚሰጥበት ማሻረት ዓይነት ነው::
- 13) "የጨረሱት አስተዳደሩ ከሚታው" ማስተካከለ ማሻረቱ ሂደቱን እናናይሸራሽዎች በሌላ ሰርቢት ሆኖ መሬት የቁጥር ቅጽር የሽያጭ/ይሰዳን የተዘዋዋሪ የተስተካከለ እና ተገበር በለምድያዎች ይለት የመረጃ የሌላ ማሻረት ሁኔታዎችን የሚመጀት ተማሪውን እናናይሸራሽዎች የሚሰጥው አስተኛ ዓይነት ከሚታው ነው::
- 14) "ልዩ ሁኔታው ፍ.ይ.፩ ዋላቸው ጥርቃኑዋች" ማስተካከለ ለሁኔታው ዕድገትና ትራንስፖርትና ከፍተኛ ለውጥ ልዴጊዜ የሚችሉ የልማት ጥርቃኑዋች ወይም የትብብር መስከት ለማሳት በሚደረግ እናቅርቃዬዎች ሁኔታው ከሌሎች ሁኔታዎች ወደ ለማጥራት የተሰለ ታንተናት መሬት እናናጥለ በመንግሥት የታቀዙ ጥርቃኑዋች ዓይነት ነው::

- 9) "Land allotted for Public interest" means a land decided for the public interest by the Agency depending on the plan of the urban center so as ensure the land use right of the people and to enable it attain sustainable socio-economic development directly or indirectly.
- 10) "Allotment" means a modality by which a land be provided by lease tender to a person or projects that could not be accommodated by a way of lease tender without lease tender competition by considering their socio-economic significance.
- 11) "Tender" means a modality of transferring urban land by lease to the winner of a bid in a competition which is undertaken depending on a competition criteria set based on market competition system;
- 12) "Special Tender" means a type of tender in which a land be transferred through tender to the projects specified under article 11(7) of the proclamation, even if the bidder presented for the tender is one person.
- 13) "Tender Execution Committee" means a committee consisting of permanent public servant employed depending on civil servants law and professionals having the required profession assigned to execute and facilitate condition for urban land lease tender.
- 14) "Projects Having Special National Significance" means development projects having outstanding contribution in the success of the country's growth and transformation, or projects which, in the course of expanding the country's cooperative relation with other countries are intended to lay strong foundation for the relation between the countries.

- 15) "Qabiyyee Durii" jechuun magaalichi sirna liiziitiin buluu eegaluun dura lafa karaa seera qabeessa ta'een tajaajila adda addaaf qabame yookiin magaalichi erga liiziin buluu eegalee booda lafa kiraan kennname yookiin lafa gara magaalaatti daangeffamee kiraan bulaa jiru yookiin liiziin hojiirra erga oolee booda namoota qabiyyee lafa durii irraa buqqa'aniif lafa bakka buufamee kennamu jechu dha.
- 16) "Qabiyyee Durii Waraqaab Qabiyyummaa Hin Qabne" jechuun qabiyyee akkaataa seeraatiin qabamee manni irra jiru yookiin lafa tajaajila mana jireenyaaf qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabamee manni irra jiru sababa babal'ina magaalaan yookiin magaalichi qaama seerummaa argachuun lafa magaalaa ta'ee qaama dhimi ilalaal irraa ragaa abbaa qabiyyummaa kennamu kan hin qabne jechu dha.
- 17) "Ijaarsa Seeraan Alaa" jechuun qabiyyee lafa magaalaa hayyama qaama naannoo keessatti lafa bulchuuf aangoo qabuun ala qabame irratti yookiin lafa seeraan hayyamame ta'ee hayyama ijaarsaa qaama aangoo qabuun kennname osoo hin qabaatiin ijaarsa raawwatame yookiin raawwata-maa jiru kamuu jechu dha.
- 18) "Qabiyyee Seeraan Alaa" jechuun qabiyyee lafa magaalaa qaama aangoo qabuun osoo hin hayyamamiin qabame jechu dha.
- 19) "Gatii Liizii Ka'umsaa" jechuun baasii bu'uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya laficha irra qubatee jiru kaasuuf yookiin beenyaa namoota laficha irraa ka'aniif kaffalamuu fi baasiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka'umsa liizii lafa magaalaa jechu dha.

- 15) "የባር ደብዳቤ" ማለት ከተማው በሌላ ስርዓት መተዳደር ከመጀመሩ በሌት በኢትዮ መንግድ የተያዘ መሬት ወይም ከተማው በሌላ ስርዓት መተዳደር ከጀመራ በጀት በኢትዮ የተሰጠ መሬት ወይም ወደ ከተማው ተከልሎ በኢትዮ የሚስተዳደር መሬት ወይም ሌን ተግባራዊ ከሆነ በጀት ለነበር ደብዳቤ ተኩስ በምትኩ የተሰጠ መሬት ነው::
- 16) "ስነድ አላማ የባር ደብዳቤ" ማለት በሁዋዊ አገባብ የተያዘ መሬት ሆኖ ቤት ያለበት ወይም ለመኖረዱ ቤት አገልግሎት በአርብ አዲር ወይም በአርብ አዲር ወይም ለተያዘ መሬት ቤት ላይ ያለ ሆኖ በከተማው መስፈርቶች ወይም ከተማው ሁዋዊ ለውጥነት በምግባር ምክንያት የከተማው መሬት ሆኖ አገባብ ባለው አካል የሚሰጥ የበለቤታች ማረጋገጫ ሲኖድ የለለው ደብዳቤ ማለት ነው::
- 17) "አገልግሎት ተግባራዊ" ማለት በከልሎ ውስጥ መሬት ለማስተዳደር ስልጣን ባለው አካል ስይፈቅድ በተያዘው የከተማው መሬት ደብዳቤ ላይ ወይም በህግ የተፈቅድ መሬት ሆኖ ስልጣን ባለው አካል የተሰጠ የገንዘብ ፍቃድ ስይፈቅድ የተከናወነ ወይም በመከናወን ላይ ያለ ተንበት ነው::
- 18) "አገልግሎት ደብዳቤ" ማለት ስልጣን ባለው አካል ስይፈቅድ የተያዘ የከተማው መሬት ደብዳቤ ነው::
- 19) "የሌላ መካከል ውጤ" ማለት ውጤ ውጤ የመሠረት ለማት መዘርዝር ወጪን፣ በመሬቱ ላይ ያለ ታበታችን ለማስነሳት የሚያስፈልገውን ወጪ ወይም ለተኩስ ወቻቸውን የሚከራል ካሟ እና ለለምት ወጪዎችን ክግምት ወስጥ ያለባ የከተማው መሬት ሌን መካከል ውጤ ነው::

- 15) "Old Possession" means a plot of land lawfully possessed for different purposes before the urban center entered in to the leasehold administration system or a land permitted by rent after the urban center began to be administered by lease or a land incorporated into the urban center and is being administered by rent or a land provided as a substitute for persons evicted from their old possession after the lease system has been implemented
- 16) "Old Possession without Possession certificate" means a possession possessed lawfully with a house on it or an urban land for residential service with a house on it having no possession certificate given by concerned body which is possessed by a farmer or pastoralist or semi pastoralist due to the expansion of urban center or acquiring legal personality as an urban center;
- 17) "Illegal Construction" means any construction conducted or is being conducted on urban land possessed without permission of a regional body authorized to administer the land or on a legally permitted land without acquiring construction license provided by the authorized body.
- 18) "Illegal Possession" means an urban land possession possessed without permission of an authorized body.
- 19) "Lease Benchmark Price" means the threshold lease price of an urban land determined by taking into account the cost necessary to extend mega infrastructure, to remove the properties on the land or compensation paid to persons evicted from the land and other expenses;

20) “Gatii Caalbaasii Wayitaawaa” jechuun gatii caalbaasii giddugala lafa magaalaa tokko keessatti yookiin magaalaa ramaddii sadarkaa walgitu keessatti tajajilaa fi sadarkaa iddo walfakkaatu yeroo wagga lama hin caalle keessatti itti darbe jechu dha.	20) “ወቅታዊ የለን መራረት የጋ” ማስት በአንድ ከተማ ወሰኑ ወይም በግምገብ ደረጃ በሚመጣበት ከተማ ወሰኑ ለተመሳሳይ የበታቸውን ደረጃና አገልግሎት ማስት ዓመት የፈሰሰው ገዢ ወሰኑ በመራረት የተለለበት አማካይ የለን የጋ ነው::	20) “Current Tender Price” means an average tender price of a land in an urban centre or in an urban centre having equivalent grade in which the service and level of similar places is transferred within a period not exceeding two years;
21) “Zoonii Gatii Liizii” jechuun gatii liizii ka’umsaa, sadarkaa fi gosa tajaajila lafa magaalaa irratii hunda’ee kaartaan daangefamee zoonii gatii liizii lafaa qophaa’u jechu dha.	21) “የለን የጋ ነገር” ማስት የለን መነሻ የጋ፣ የከተማ መራረት የበታቸውን ደረጃና አገልግሎት ለይ ተመሳሪቶ በከርታ ተከለለው የሚዘጋጀ የመራረት የለን የጋ ነገር ነው::	21) “Lease Price Zone” means a land lease price zone prepared depending on the benchmark lease price, grade and service type of urban land being bounded by a map.
22) “Gatii Mirgi Liizii Ittiin Darbu” jechuun lafa liizii ijaarsi osoo irratti hin gaggeeffamiin yookiin ijaarsi walakkaa fi walakkaa gadi irra qubatee mirga itti fayyadama liizii lafa magaalaa akkaataa seeraatiin dabarsuuf qaama aangoo qabuun gatii olaanaa naanno lafti caalbaasiif dhiyaate itti argamu bu’uureffachuu kan murtaa’u jechu dha.	22) “የለን መብት ማስተላለፈ የጋ” ማስት ጽንበታ ያልተከናወነበት ወይም የሚገኘ ከማማሽ በታቸው የተገኘበት የለን መራረት የመጠቀም መብት በሆነ መሰረት ሲተለለኝ አገባብ ባለው ሊከል የእኩዃውን የለን መራረት ከፍተኛ የመራረት የጋ መሰረት በማድረግ የሚመለን የጋ ነው::	22) “Lease Right Transfer Price” means the highest tender price decided by appropriate body to lawfully transfer the urban land lease use right before construction conducted on or where half and less than half construction laid on depending on the area in which the land presented for tender is located;
23) “Ijaarsa Jalqabuu” jechuun ijaarsa yookiin gamoo bakkichatti ijaara-muuf eeyyamameef yoo xiqaate bu’ura ijaarsichaa hojjechuu fi ijaarsa kolanii raawwachuu kan dandeessisan hojii sibiila kolanii dhaabuu xumuruu dha.	23) “ግንባታ መሸመር” ማስት በበታቸው ለይ ለመሰራት ከተፈቀዱ ጽንበታ ወይም አንቀጽ በይንስ የመዋረት ሥራ መመራዎች የከለን ጽንበታ ለማከናወነ የሚደረሰው የከለን ተረቶች የሚቆም ሥራ ማጠናቀቁ ነው::	23) “Commencing Construction” means the construction of at least the foundation and erection of reinforcement bars to cast columns of the permitted construction or building on the place.
24) “Bu’ura Ijaarsaa Xumuruu” jechuun haala pilaaniitiin lanni ijaarsaa qotamee guutummaa guutuutti armaataa kan guutame, hojiin filoorii (floor) kan xumuramee fi ijaarsi dhaaba floorii jalqabaa kan jalqabame jechu dha.	24) “የመዋረት ጽንበታ ማጠናቀቁ” ማስት በተለለ መሰረት የዋናው ጽንበታ መራረት ተቀናሪ መልኩ በመልኩ አርማታ የተሞላ፣ የወሰሌ ሥራው የተጠናቀቀና የመሸመራዎች ወሰሌ ብራ ብራ ጽንበታው የተቋሙበት ነው::	24) “Completion of foundation” means the construction phase whereby the building site is dug, reinforcement concrete is filled in and its floor is completed and erecting of its first wall is started according to the plan.
25) “Ijaarsa Walakkaa Xumuruu” jechuun:	25) “ግንባታን በግማሽ ማጠናቀቁ” ማስት፣ (ሀ) ስላ ለሚን የመዋረቱን፣ የከለኝ ለሚደረሰው ወራ ማጠናቀቁ፣ ወይም (ለ) ፈቃ ለሚን የመዋረቱን ከበቅሳው ወሰለቻች ወሰኑ 50 በመቶ የሚሆነትን የስራ ሥራ ማጠናቀቁ፣ ወይም	25) “Half completion of Construction” means: <ul style="list-style-type: none"> <li>(a) In the case of villa, completion of foundation, columns and top beam works;</li> <li>(b) In the case of multi-store Building, completion of foundation, and 50% of the total number of floors slabs;</li> </ul>

- (c) Riil Isteetii bilookiin ijaaramu yoo ta'e, akkaataa barbaachisum-maa isaatti bilookiwwan hunda irratti haala Keewwata Xiqqaa kana tartiiba qabee (a) yookiin (b) jalatti ibsameen ijaarsa raaw-wachuu jechu dha.
- 26) "Ijaarsa Xumuruu" jechuun lafa liiziin kennname irratti haala heeyyama ijaarsaa kennameen mana ijaaramee tajaajila kennuuf qophaa'e jechu dha.
- 27) "Mana" jechuun magaala keessatti mana haala seera qabeessa ta'een yookiin beekumtii seeraa argatee tajaajila kamiiifyuu ijaaramee yookiin ijaramaa jiru dha.
- 28) "Mana Jireenyaa" jechuun mana tajaajila jirenyaaatiif ijaaramuu xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 29) "Mana Dhaabbataa" jechuun mana tajaajila jirenyaaatiif ala ijaaramee xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 30) "Mana Tajaajila Makaa" jechuun mana tajaajila jirenyaa yookiin dhaabbataaf yookiin lamaaniifuu ijaaramaa jiru yookiin ijaaramee xumuramee tajaajila lamaanuu kennaa jirudha.
- 31) "Qonnaan Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa mirga itti fayyadama lafaa investimentiin ala seeraan qabatee yookiin argatee hojii qonnaa irratti bobba'uun galii laficha irraa argamuun ofisaa fi maatiisaa kan bulchu dha.
- 32) "Horsiisee Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa investimentiin ala dheedinsa margaaf qabatee beey-ilada kan horsiisu ta'e jirenyi isaa fi maatiisaa irra caalaan beeyiladaa fi bu'aa beeyiladaar-ratti kan hundaa'e jechu dha.
- 33) "Gamisa Horsiisee Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa seeraan qabatee jirenyi isaa hojii qonnaa fi horsiisuu irratti kan hundaa'e jechu dha.

- (d) ፈል ስተት ሰ.ምን የሁሉም በሰነድ ጽጻፍ እና አግባብ በዚህ ጥወኑ አንቀጽ ተሸጭ ሲደረሰ (ሀ) ወይም (ለ) በተመለከተው ይረዳ ማጠናቁቅ ነው::
- 26) "የገበያ ማጠናቁቅ" ማስት በሌላ የተፈቀደ በተ ላይ አንቀጽነም የተፈቀደውን ጽጻፍ በተሰጠው የግንባታ ትርጓሜ መሰረት ተሠርቶ ለአገልግሎት ገንዘብ የተደረገ ነው::
- 27) "ቤት" ማስት በከተማ ለማንኛውም አገልግሎት በህጻዊ አግባብ የተመራ ወይም በመሰራት ላይ ያለ ወይም ሆኖም ዕውቅና የገኘ ማንኛውም ጽጻፍ ነው::
- 28) "መኖሪያ በት" ማስት ለመኖሪያ አገልግሎት ተሠርቶ ያለቀና አገልግሎት በመሰጣት ላይ ያለ ወይም ለተመሳሳይ አገልግሎት በመሰራት ላይ ያለ በት ነው::
- 29) "የእርምጃት" በት" ማስት ከመኖሪያ አገልግሎት ወጪ ተሠርቶ ያለቀና አገልግሎት በመሰጣት ላይ ያለ ወይም ለተመሳሳይ አገልግሎት በመሰራት ላይ ያለ በት ነው::
- 30) "የጥምር አገልግሎት በት" ማስት ለመኖሪያ ወይም ለእርምጃት ወይም ለሁሉም አገልግሎት በመሰራት ላይ ያለ ወይም ተሠርቶ ያለቀና ሁሉምንም አገልግሎት በመሰጣት ላይ ያለ በት ነው::
- 31) "እርስ አዲር" ማስት የገበያ መራት የመጠቀም መብት ከኢትዮጵት መንግሥት ወጪ በህጻዊ አግባብ ይዘ ወይም አግኝቶ በግብርና ላይ ተስማርቶ ከመራቱም በሚያገኘው ገዢ እና በተሰበት የሚያስተዋጅር ለው ነው::
- 32) "እርስዎ አዲር" ማስት ከኢትዮጵት መንግሥት ለግብርና ይዘ እናስት የሚያይዞ ሆኖ የራሱ እና የሚያስተዋጂ ለአንስሳት በአንስሳት የሚያስተዋጂ ለአንስሳት የሚያስተዋጂ ለአንስሳት ነው::
- 33) "እራሳ እርስዎ አዲር" ማስት የገበያ መራት በህጻዊ መንግሥት ይዘ የራሱ እና የበተሰበ ነው በግብርና ሆኖ በአንስሳት እርስዎ ላይ የተመሠረት ለው ነው::

- (c) In the case of Real Estate built with block, completion of construction on all blocks as specified in sub-article a or b of this article as deemed necessary.
- 26) "Completion of Construction" means a house constructed on a land provided by a lease as per the construction permission given and made ready to provide service.
- 27) "House" means a house constructed or under construction in an urban center legally or by acquiring legal recognition for whatever services.
- 28) "Residential House" means a house which its construction is completed and is providing residential service or is under construction for similar service.
- 29) "Organization House" means a non-residential house which its construction is completed and is providing service or under construction for similar service.
- 30) "Mixed Use House" means a house which is under construction or which its construction is completed for residential or organizational service and is providing both service.
- 31) "Farmer" means a person who lawfully possesses or acquire the right of use of rural land for the purpose other than investment and engaged in farming activity and administer himself and his family by the income he gains from the farm.
- 32) "Pastoralist" means a person who lawfully possesses a rural land for the purpose of grazing and rearing animals other than investment and his and his family livelihood is mainly dependent on livestock and livestock products.
- 33) "Semi-pastoralist" means a person who lawfully possess a rural land and whose livelihood depends on farming and rearing animals.

- 34) "Yeroo Haaragalfannaa" jechuun namni lafti liiziin hayyamameef kaffaltii duraa erga kaffalee booda, gatii liizii waliigalaa kan waggaan kaffalamu otoo hin eegaliin yeroo murtaa'eeef kaffaltii waggaan irraa bilisa ta'ee akka turu yeroo haaragalfannaa hayyamamu dha.
- 35) "Lafa Ofdanda'ee Hin Misoomne" jechuun bal'inni qabiyyichaa istandardii bal'ina lafaa isa xiqqaa tajaajilichaaf magaalicha keessatti murtaa'ee gadi yoo ta'e yookiin lafa citee lafa duwwaa cinaa jirutti makamee misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yookiin qabeenyi lafa kanarratti argamu tilmaamni gatii ijaarsa yeroon yoo shallagamu ida'amaa gatii liizii caalbaasii yeroo laficha harka walakkaa ol ta'ee lafa magaalaa argamee fi kallattii rog-arfeen yoo ilaalamu rog-tokko tajaajila dhaabbataaf meetira 7 gad, tajaajila manaaf meetira 4 gad kan ta'e jechu dha.
- 36) "Istaandardii" jechuun istandardii qoqqoodinsa lafaa yookiin istandardii ragaa lafaan walqabate yookiin istandardii kamiinuu jechu dha.
- 37) "Nama" jechuun nama uu-mamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

### 3. Ibsa Koorniyaa

Dambii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambii kun magaalota sirna liizii keessa galanii fi magaalota kiraan bulan keessattis-dhimmoota Dambii kanaan tumamanii fi isaan ilaallatu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

- 34) "የጀርታ ቤት" ማለት መሬት በሌ.ነት የተፈቀደለት ስው የመሬቱን የሌ.ነት ቅድመ ከፍች ከከራል በንግድ በየአመቱ መከራል ያለበትን መከራል ከመሸመኑ በሌ.ት ከከራዎች ነገ ሆኖ እንዲቀረ የሚፈቀደለት የእኔዎች ቤት ነው::
- 35) "ራስን ቅሉ መልማት የሚያችል መሬት" ማለት የይሁታው ስፏት በከተማው ለካላንግሎች ከተወሰነው ተንሸቸ የመሬት ስፏት ስታንፋርድ የነበረ ለሚገኘ አጠገባ ካለው ዓይ መሬት ውጤ ተፋማሪ ለለላ ለማት መዋል የሚያችል ቁሮች መሬት ወይም በመሬቱ ላይ ያለው ጉዥት በወቅታዊ የገንዘብ የጋራ ለሌላ ከግማሽ እጅ በሌላ የሆነ የከተማ መሬትና በአራቱ ማሳዣ ለፋይርት ከካላንግሎች ከ 7 ማትር በታች፣ ለሌላ ከካላንግሎች ከ 4 ማትር በታች የሆነ ነው::
- 36) "ስታንፋርድ" ማለት የመሬት ተንሸቸ ስታንፋርድ ወይም የመሬትና መሬት ነገ መሬት ስታንፋርድ ወይም ለሌላ ማንኛውም ስታንፋርድ ነው::
- 37) "ስው" ማለት ማንኛውም የተፈቀደው ስው ወይም በክቻ የሰውነት መሬት የተሰጠው አካል ነው::
- 3. የዚህ አገልግሎት**  
በዚህ ደንብ ወሰኑ በወንድ የታች የተገለዥው ለትንሹ የጠቃላላል::
- 4. የተፈቀደነት መሬት**  
ይህ ደንብ በሌ.ነት ለሚገኘ ወሰኑ በተመቻቸው በክርድ በሚተካይና ከተማች ወሰኑም በዚህ ደንብ በተደረገው ተያያዥና እነዚ በሚመለከት ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል::

34) "Grace period" means a time frame that a lessee is relieved from payment after effecting the advance lease payment and before the commencement of the annual lease payment.

35) "A land Which cannot be Developed Independently" means a land possession in the city whose size is less than the standard size of land decided for the service in the city, or a land detached away and incorporated with the adjacent bare land which shall not be used for other development purpose, where the property found on such land is more than half of the sum of the lease price of the land when it is calculated in the then construction price which is one of its direction is less than 7 meter for organization service and less than 4 meter for housing service when viewed in its four direction.

36) "Standard" means land parcelling standard related to land evidence or any other standard.

37) "Person" means natural or juridical person.

### 3. Gender Reference

Any masculine gender specified in this regulation shall include feminine gender.

### 4. Scope of Application

This regulation shall be applicable to urban lands administered by lease and rent system on the matters stipulated by this regulation and which concerns them;

<b>Kutaa Lama</b>		<b>ክፍል ሁሉት</b>	<b>Part Two</b>
<b>Lafa Magaalaa Liiziin Bulchuu</b>		<b>የክተማ መሬትን በሌላ ስለሚሰጥኝበት</b>	<b>Urban Land Lease Holding Administration</b>
<b>5. Lafa Magaalaa Liiziin Kennamuu fi Pilaanii Magaalaa</b>		<b>የክተማ መሬትን በሌላ ስለመስጥበትና የክተማ ጥገና</b>	<b>Providing Urban Land by Lease and Urban Plan</b>
1) Lafti magaalaa kamiyyuu kan kennamu yookiin darbu pilaanii magaalaa irratti hundaaee seera liiziitiin qofa ta'a.		1) ማግኘውም የክተማ መሬት የሚሰጠው ወይም የሚተሳለው የክተማ ጥገና መስረት በማድረግ በሌላ ስላም ተቋርቷል፡፡	1) Any urban land shall be provided or transferred depending on plan of the urban center only depending lease laws.
2) Lafti magaalaa liiziin kan kennamu caalbaasiidhaan yookiin ramaddiidhaan qofa ta'a.		2) የክተማ መሬት በሌላ የሚሰጠው በጨረቤት ወይም በምዳደብ ይሆናል፡፡	2) Urban Land shall only be provided by tender or allotment.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Magaalota bu'uura Labsicha keewwata 5 keewwata xiqqaa 4 tiin yeroo murtaaeeef sirni liizii irratti hin raawwamatne keessatti lafti magaalaa kan hayyamamu caalbaasii fi ramaddii sirna kiraatiin ta'a.		3) በዚህ አንቀጽ 30-ኩ አንቀጽ 2 የተደነገው እንደተጠበቀ ሆኖ በአዋጅ አንቀጽ 5 30-ኩ አንቀጽ 4 መስረት ለተወስኑ ገዢ ሊዘላዝሩ የሚይሆናባቸው ከተማች ውስጥ የክተማ መሬት የሚፈጸመው በጨረቤት ወጪ ስራ የሚሆናል፡፡	3) Without prejudices the provision of sub-article 2 of this article, urban land shall be permitted by tender and allotment of rent tenure in the urban center in which lease tenure is not applied for a fixed period in accordance with article 5 sub article 4 of the proclamation.
<b>6. Magaalota Liizii Keessa Galan</b>		<b>ወደ ሊዘላዝር የሚከተሉ ከተማች</b>	<b>Urban Center Incorporated into Lease Tenure</b>
1) Bu'uura Labsicha keewwata 5 keewwata xiqqaa 4tiin Magaalotni Naannicha keessatti argaman hundi gara sirna liiziitti akka galan ni taasifama.		1) በአዋጅ አንቀጽ 5 30-ኩ አንቀጽ 4 በተደነገው መስረት በከልሎ ውስጥ የሚገኘ ከተማች ሁሉ ወደ ሊዘላዝር እንዲገቡ ይሆናል፡፡	1) All urban centers in the Region shall be made to be incorporated into lease tenure as per article 5 sub article 4 of the proclamation.
2) Magaalota sirna liizii keessa hin galle, Ejensiin erga qoratamee dhiyaate booda murtee Mana Maree Bulchiinsaatiin sirna liizii keessa kan galan ta'u.		2) ወደ ሊዘላዝር የሚከተሉ ከተማች በኢትዮጵያ ተመዝች ከቅረብ በጀት በመስተካከል ምክር በት ወሰኔ ወደ ሊዘላዝር የሚገኘ ይሆናል፡፡	2) The urban center which have not been incorporated into lease tenure shall be made to be incorporated by the decision of the council after being studied and submitted by the agency.
3) Magaalotni Mana Maree Bulchiinsaatiin gara sirna liiziitti akka galan murtaa'e ibsi tarreeffamaan uummataaf ni taasifama.		3) በመስተካከል ምክር በቱ ወደ ሊዘላዝር እንዲገቡ የወሰኔችው ከተማች ንርክስ መግለጫ ለእነዚህ ይኩል፡፡	3) Urban centers which are made to be incorporate to the lease tenure by the administrative council shall be disclosed in detail to the public.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, magaalota Dambii kanaan sirna liizii keessa hin galle keessatti lafti kan kennamu gatii ka'umsa tilmaama kira lafaa kan waggaan kaffalamu irratti hundaaee caalbaasiidhaan ta'a.		4) በዚህ አንቀጽ 30-ኩ አንቀጽ 3 የተደነገው እንደተጠበቀ ሆኖ በዚህ ይንብ መስረት ወደ ሊዘላዝር የሚከተሉ ከተማች ውስጥ መሬት የሚሰጠው በዓመታዊ የመሬት የክርድ ተመግኘት ከኩድ መነሻነት በመሬት መስረት ይሆናል፡፡	4) Without prejudice to the provision of sub-article 3 of this article, a land shall be provided by tender in urban centers which have not been incorporated into leasehold tenure by this regulation depending on estimated benchmark price of the land rent to be paid annually.
5) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumameen lafa kennameef, waraqaan abbaa qabiyyee kennamu akkaataa seera kiraatiin ta'a.		5) በዚህ አንቀጽ 30-ኩ አንቀጽ 4 ሆኖ በተደነገው መሬት የተሰጠ መሬት የፊልም ምክር ወረቀት የሚሰጠው በከልሎ ሁኔታ መሬት ይሆናል፡፡	Landholding certificate to be provided for a land given in accordance with the provision of sub-article 4 of this article shall be in accordance with rent laws.

6) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tumameen lafa kennname misoomsuu fi misoomsuu dhabuun tarkaanfin in fudhatamu akkaataa Dambii kana keessatti tumameen ta'a.	6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 5 ሥር በተደንገገው መሠረት የተሰጠው መሠረት ማለማት እና ያለማልማት የሚመለወው እርምጃ በዚህ ውስጥ በተደንገገው መሠረት ይሆናል::	6) Measures to taken for failure to develop or not develop a land given in accordance with the provision of sub-article 5 of this article, shall be according to the provision of this regulation.
<b>7. Bulchiinsa Qabiyyee Durii</b>		
1) Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa 3, 4 fi 6 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, bu'uura Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa 1tiin qabiyyeen durii hanga qorannoon gaggeefamee murtaa'utti seera kiraatiin buluun isaa kan itti fufu ta'a.	7. የንብር ይዘታ አስተዳደር 1) በአዋጅ አንቀጽ 6 ንዑስ አንቀጽ 3፡4 እና 6 ሥር የተደንገገት አንድተጠበቅ ሆኖ፣ ንብር ይዘታውን በአዋጅ አንቀጽ 6 ንዑስ አንቀጽ 1 መሰረት አገልግሎት ተናት ተከፍውም አስከሚመለን ይረዳ በክልሉ ሥርዓት መተዳደሪቶች የሚቀጥል ይሆናል::	7. <b>Administration of Old Possession</b> 1) Without prejudice to the provision of sub-article 3, 4 and 6 of article 6 of the proclamation, an old possession shall be proceed to be administered by rent law until a study shall be conducted and be decided based on article 6(1) of the proclamation.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, gara sirna liiziitti galuuf abbootiin qabiyyee durii fedhii isaaniitiin yoo gaaffii dhiyeessan ulaagaa kanaaf murtaa'e guutanii argamnaan gatii liizii ka'umsaa yerootiin keessummaawuu ni danda'u. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.	2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደንገገው በጥርም የንብር ይዘታ ባለቤትታውን ወደ ለጊ ሥርዓት ለመግባት በረሱታው ተቋድ ተያዊ ካሬቢ ለዚህ ተብሎ የተመስኑትን መሰራርት አማካተው ከተገኘ በመቻታዊ የለንነ መካከል የጊዜ የሚመለን ይሆናል::	2) Notwithstanding with provision of sub-article 1 of this article, where holders of old possession voluntarily request to be incorporated in lease system and fulfill requirement decided for this, they may be entertained by the current benchmark lease price. Its particulars shall be decided by the directive to be issued.
<b>8. Bulchiinsa Qabiyyee Durii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabnee</b>	8. የሰነድ አልፎ ንብር ይዘታ አስተዳደር 1) ለሰነድ አልፎ ንብር ይዘታ የይዘንት ማስረጃ ለመስጠት ይዘታው ላይ ቤት ተሰርቶ አገልግሎት እየሰጠ ይለ ካሬቢ፣ የዚህ ቤት ባለቤት መሆኑ በቀበሌ መስተዳደር ከተረጋግጧኝ ከዚህ ቤትም ከተዘረዘሩት ማስረጃውን በጥር 47/1967 አልፎ አንቀጽ መቅረብ አለበት::	<b>8. Administration of Old Possession without Possession Certificate</b> 1) Where a house is constructed and providing service on such land and where it is proved by the kebele administration as the owner of such house and at least one of the evidences listed below shall be presented:
(a) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa durii kan Labsii lakk. 47/1967 dura kennnameefi qabiyyichi yookiin manichi guutummaatti kan Mootummaadhaan hin dhaalamne ta'uun yoo mirkanaae;	(a) የንብር ይዘታ የበለቤትታት ማስረጃ ከአዋጅ ቅጥር 47/1967 በፊት የተሰጠው ይዘታው ወይም ቤቱ መሳሪ በመሳሪ በመንግባት ያልተመረሰ መሆኑ የተረጋግጧው::	(a) Where it is proved that an Old possession certificate given before proclamation No. 47/1975 and where the possession or the house is not fully inherited by government;
(b) Qabiyyichi Labsii lakk. 47/1967 dura qabamuu isaa ragaan barreeffamaa faayila mana galmeekessatti yoo argame;	(b) ይዘታው ከአዋጅ ቅጥር 47/1967 በፊት መሆኑ የጽሁፍ ማስረጃ ከመዘገበው ቤቱ ፍቃድ የሚገኘ ካሬቢ::	(b) Where written evidence is found in the file of the documentation section which shows that the possession is possessed before proclamation no 47/1975;

- (c) Ragaan qaama aangoo qabuun kennname qabiyyeen lafaa kun seera yeroo saniitiin eeyyamamuu isaa agarsiisu galmee kuusaa isaa keessatti kan argamu yoo ta'e;
- (d) Ganda qonnaan bulaa gara magaalaaatti dhufe yoo ta'e, nagahee kafaltii gibira itti fayyadama lafa baadiyyaa osoo magaalaaatti hin daangeffamiin duraa yoo xiqqaate kan waggoota 3 yoo qabaate;
- (e) Xalaya yookiin iyyannoo mirriitii lafaa qaama aangoo qabuun qajeelfame yookiin hafteen nagahee mirriitii lafaa faayila mana galmee keessatti yoo argame;
- (f) Murtii Mana Murtiitiin qabiyyee yookiin mana kana ilaalchisee kennname yoo qabaatee fi faayila mana galmee keessa yoo jiraate;
- (g) Waraqaa ragaa itti fayyadama lafa baadiyyaa akkaataa seera itti fayyadama lafa baadiyyaatiin kennnameefi seera qabeessummaan isaa mirkanaa'e yoo argame ta'a.
- 2) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin qabamee tajaajila mana jirenyaaaf oolaa jiru, hanga m<sup>2</sup> 500 kan ta'e akkaataa qabiyyee duriitiin abbaa qabiyyichaaf hayyamameefii kiraadhaan kan bulu ta'a.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin lafti m<sup>2</sup> 500 ol jiru irraa yoo hir'isamu, qabeenyaa lafa hir'isamu irratti argamuuf akkaataa seeraatiin beenyaan kan kaffalamuuuf ta'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame ji-raatus, lafti m<sup>2</sup> 500 ol jiru irraa citee akkaataa istandardii itti fayyadama lafa magaalichaatiin misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yoo ta'e abbaa qabiyyichaaf kan itti dabalamu ta'e, qabiyyeen walitti makamus sirna kiraatiin kan bulu ta'a.

- (h) የመሬት ይዘታው በዚያን ገዢ በነበረው ሆኖ መልቀሻን የሚያሳይ አማካይ በለው አካል የተሰጠ ማስረጃ በመግባገብ ማህዳዊ ወስጥ የሚገኘ ካሆኑ;
- (i) ወደ ከተማ የገብ የአርፍ እናር ቁበሌ ካሆኑ የገበሩ መሬት ወደ ከተማ ስራከላል በፊት በየጊዜ የዋሳት ዓመት የገበሩ መሬት አጠቃቀም የግብር ክፍያ ደረሰኝ ያለው ካሆኑ;
- (j) አማካይ በለው አካል የተመሬ የመሬት የሚገኘ ደብዳቤ ወይም አብቱታ ወይም የመሬት የሚገኘ ቀሪ ደረሰኝ በመግባገብ በት ፍይል ወስጥ የሚገኘ ካሆኑ;
- (k) ይዘታውን ወይም በቱን አስመልክቶ የተሰጠ የፍርድ በት ወሰኔ ካልኝ በመግባገብ በት ፍይል ወስጥ የሚገኘ ካሆኑ;
- (l) የገበሩ መሬት አጠቃቀም ማስረጃ በገበሩ መሬት አጠቃቀም ሆኖ መስራት የተሰጠውና ህጻዊነቱ የተረጋገጠ ከተማ ይሁናል::
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መስራት ተያዘ ለመኖሪያ በት አገልግሎት እያያለ ወለ ሲኋድ አላማ ነገር ይዘታ እስከ 500 ካሬ ማትር ለበላ ይዘታው ተፈቅረቡት በከራይ የሚተያያዙ ይሁናል::
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መስራት እኩ ማትር ለበላ ይለው መሬት ለተንስ ከሚቀነሰው መሬት ላይ ለሚናስ ነጋዱት በሆነ መስራት ካሆን የሚከፈልው ይሁናል::
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተደንገገው በጥርም እኩ ማትር ለበላ ይለው መሬት ተቀናሽ በከተማው መሬት አጠቃቀም ለታንካርድ መስራት ለበላ ለማት መዋል የሚይችል ካሆን ለባለቤትው የሚጨመርበት ሆኖ የተቀለቀለው ይዘታው በከራይ የሚተያያዙ ይሁናል::

- (c) Where it is found in his record file that an evidence given by authorized body indicating the possession of this land is permitted by the then law;
- (d) Where it is a rural kebele which is incorporated in urban center and a rural land use tax payment receipt of at least three years before such land incorporated to the urban center;
- (e) Where a letter or application for land directed by authorized body a copy of directed land receipt is found in the of documentation section;
- (f) Where he has decision given by the court regarding such possession or house and it is found in the file of documentation section;
- (g) Where a rural land utilization certificate is provided in accordance with rural land utilization law is found and its legality is proved.
- 2) An old possession without possession certificate which is possessed in accordance with sub-article 1 of this article and used for the purpose of residential house which is up to 500m<sup>2</sup> shall be permitted for the possessor as per old possession and be administered by rent.
- 3) Where a land above 500m<sup>2</sup> is reduced in accordance with sub-article 1 of this article, compensation shall be legally paid for the property on the land that is reduced.
- 4) Notwithstanding the to the provision of sub article 2 of this article, if a land reduce from more than 500m<sup>2</sup> cannot be used for other development purposes according to land use standard of the urban center, it shall be merged to the possessor and the merged possession shall be administered by rent tenure.

- 5) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan bal'inni isaa m2 500 gadi ta'eef waraqaaan ragaa abbaa qabiyyummaa kan kennamu, hanga istandardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaan eeyyamamu gadi hanga hin taanetti, kanuma qabamee jiru qofa irratti ta'a.
- 6) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan istandardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaati gadi yoo ta'e, qabeenya laficha irra jiruuf beenyaan kaffalamee lafti bakka bu'iinsaa istandardii bal'ina lafa mana jirenyaa magaalichaa isa gadi aanaadhaan kennamee qabiyichi baankii lafaatti akka galu ni taasifama.
- 7) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan tajaajilli isaa mana jirenyaaaf hin taaneef hangi bal'ina lafaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa irratti kennamuu akkaataa istandardii gosa tajaajilichaaf bahuuutiin isa xiqaadhaan kan murtaa'u fi kiraan kan bulu ta'a.
- 8) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqa 7 tiin lafti istandardii gosa tajaajilichaaf bahuuutiin isaa xiqaadhaan ol jiru irraa yoo hir'isamu, qabeenya lafa hir'isamu irratti argamuuf akkaataa seeraatiin beenyaan kan kaffalamuuuf ta'a.
- 9) Keewwata kana keewwata xiqqa 7 jalatti kan tumame jiraatus, lafti istandardii gosa tajaajilichaaf irraa citee hafe akkaataa istandardii itti fayyadama lafa magaalichaatiin misooma biroof ooluu kan hin dandeenyee yoo ta'e abbaa qabiyyichaaf dabalataan kan hayyamamu ta'e, qabiyteen walitti makamus sirna kiraatiin kan bulu ta'a.
- 10) Keewwata kana keewwata xiqqa 4 fi 9 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'e, lafti citee hafu kan of dandaee misoomuu danda'u yoo ta'es, sirna liiziitiin gatii liizii caalbaasiit waayitaawaatiin hayyamamuu ni danda'a. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

- 5) ስ፩፪: ከ500 ካሮ መሸሪር በታች ለመነው ሰነድ አልባ ነገር ይዘዋ የበደብዕትነት ማስረጃ የሚሰጠው ስ፩፪: በከተማው ለመጀራም ቤት መሸት ለታንካርድ ከሚፈቅዙ በታች እስከልሁኑ ይረዳ ተይዞ ለለም ለይ በታች ይመናል::
- 6) የስነድ አልባ ነገር ይዘዋ ስ፩፪: ከከተማው የመጀራም ቤት መሸት ለታንካርድ በታች ከሆነ በይዘዕትው ለይ ለለም ጽጋዕት ክሳ ተከፍለው መሸቱ በታች በከተማው ብቃት የመጀራም ቤት መሸት ለታንካርድ ተስተቶ ይዘዋው ወደ መሸት ባንክ እንዲገባ ይረዳል::
- 7) ለመጀራም ቤት አገልግሎት ያልመነው ሰነድ አልባ ነገር ይዘዋ የበደብዕትነት ማረጋገጫ ሰነድ ለይ ያደረገ የሚሰጠው የመጀራም ስ፩፪: ስ፩፪ ለአገልግሎት ዓይነት በተቀናው ለታንካርድ መስራት የሚመለን በከራይ የሚተያደር ይመናል::
- 8) በዚህ አንቀጽ ጽዑስ አንቀጽ 7 መስራት ለአገልግሎቱ: ዓይነት ከሚመጠው ብቃት ወደ ለተከናው በተቀናው መሸት ለይ ለሚገኘው ጽጋዕት በሆነ መሸረት ከሆነ የሚከፈልው ይመናል::
- 9) በዚህ አንቀጽ ጽዑስ አንቀጽ 7 የተደንገው በጥርም አገልግሎቱ: ዓይነት ለታንካርድ ተቀናው የቀረው መሸት በከተማው መሸት ለጠቃቀም ለታንካርድ መስራት ለለላ ለማት መዋል የሚይችል ከሆነ ለበደብዕትው በተጨማሪዎች የሚፈቅድለት ሆኖ የተቀለቀለው ይዘዋል በከራይ የሚተያደር ይመናል::
- 10) በዚህ አንቀጽ ጽዑስ አንቀጽ 4 እና 9 ሥር የተደንገው አንቀጽመው ሆኖ ተቀናው የቀረው መሸት ፍሳሽ ተለዋ መልማት የሚችል በጥርም በውቅታዊ የለን ማረጋገጫ ውጤ በለን ስርዓት ልራቅድ ይችላል :: ኢርግሩ በሚመጠው መመሪያ የሚመለን ይመናል::

- 5) The possession certificate provided for an old possession without possession certificate which its area is less than 500m<sup>2</sup> shall be only if it is not less than the standard area of land permitted for the residential house by the urban center and be performed only on the land already possessed.
- 6) Where the old possession without possession certificate is less than the standard of the area of land for residential house of the urban center, compensation shall be paid for the property on the land and the substitute land for residential house with the lower standard area of urban center shall be provided and the possession shall be made to be deposited into the land bank.
- 7) The size of land indicated on possession certificate to be provided for an old possession which its service is not for residential house purposes and is without possession certificate shall be decided as per the lowest standard set for such type of service and be administered by rent.
- 8) Where a land more than the lowest standard set for the service type is reduced accordance with sub-article 7 of this article, compensation shall be legally paid for the property found on such possession.
- 9) Notwithstanding to the provision of sub-article 7 of this article, where the land detached from the standard type of service is unable to be used for other development as per land use standard of the urban center, it shall additionally be permitted for the possessors and the merged possession shall be administered by rent.
- 10) Without prejudice to sub article 4 and 9 of this article, where the detached away land able to be developed independently, it may be permitted by lease tenure in current lease tender price. Its particulars shall be decided by the directive to be issued.

- 11) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneefi tajaajilli isaa mana tajaajila makaa yoo ta'e, qabiyyee waliigalaa keessa gosa tajaajilaa % 50 ol qabate gosa tajaajilaa lafichaa ta'ee fudhatama.
- 12) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne kan tajaajilli duraan kennaa ture pilaaniidhaan tajaajilli isaa yoo jijiirame, ragaan kennamuuf tajaajila qabiyyichi kennaa jiruu ta'ee, ijaarsa bakka sana irra jiru bakka jirutti haaromsuun ala akka hin fooyessinee fi ijaarsa haaraa akka hin gaggeessine kan dirqamu ta'uun kan agarsiisu ta'uun qaba.
- 13) Keewwata kana keewwata xiqqaa 12 jalatti kan tumame yoo jiraates, iddichi akkaataa ramaddii pilaanii fi istandardii jiruun tajaajila misoomaa birootiif abbaa qabiyyichaatiin misoomuu kan danda'u yoo ta'e, abbaa qabiyyichaaf tajaajila kanaaf hayyamamuu ni danda'a. Ta'us, abbaan qabiyyichaaf beenyaa osoo hin gaafatiin lafti tajaajila kennaa jiruuf ta'u bakka bu'insaan kennameefi keessummaawuu yoo barbaade mirgi isaa ni eegamaaf.
- 14) Keewwata kana keewwata xiqqaa 10 jalatti kan tumameeakkuma jirutti ta'e, iddo qabiyyeen kun jiru keessatti bulchiinsi magaalichaa sagan-taa pilaanii magaalichaa raawwachii-su yoo qabaate lafa bakka bu'iinsaa fi kaffaltii beenyaa qabeenyichaaf seera kanaaf baheen raawwatee tajaajila pilaaniin qabameef oolchuu ni danda'a.
- 15) Keewwata kana keewwata xiqqaa 14 jalatti kan tumame jiraatus, lafa kanaan dura investimentiif sirna kiraatiin kennamee waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne tajaajila duraan hayyamameef laficharratti gaggeessaa kan hin jirre, bulchiinsi magaalichaa qabeenyaa laficharra jiruuf beenyaa kaffalee laficha misooma biroof oolchuu ni danda'a. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

- 11) የስኑ አልባ ነበር ይዘታው አገልግሎት የጥምር አገልግሎት በት ከሆነ ከከተማያይ ይዘታው ወሰኑ ከ 50 በመቶ በላይ የሚሆንውን የወለው አገልግሎት የመራቱ አገልግሎት ሆኖ ይመሳል::
- 12) ስነድ አልባ ነበር ይዘታ ሌሎች የነበረው አገልግሎት በተገኘ በቅርር የሚሰጠው ስነድ ይዘታው ሌሎች በነበረው አገልግሎት ሆኖ በበታው ሌሎች ያለ ታንቀናን ከሚደሰ ወጪ ማቅረብ እኩስ መግኑት እንደማግኘቸል እንደማግኘድ የሚያሳይ መሆን አለበት::
- 13) በዚህ አንቀጽ ዘዴስ አንቀጽ 12 ሲሆን የተደንገገው በጥርጋው በታው ባለው የጥላንና ስታንካርድ የሚደበ መስፈት በበደዘገታው ለሰላ ለማት አገልግሎት መለማት የሚቻል ከሆነ በዚህ አገልግሎት ለበደዘገታው ለፈቻል፤ ሆኖም ባለደዘገታው ከሆነ ስይመረቅ ለመኖሪያ በት በምትኩ መሆት ተስተት መስተኞች ከፊነት መብቱ ይመስቀልታል::
- 14) በዚህ አንቀጽ ዘዴስ አንቀጽ 10 ሲሆን የተደንገገው እንደተመበቀ ሆኖ ይዘታው ባለበት በታ ወሰኑ የከተማው መስተዳደር የከተማውን ተለን ተመግራው ማስፈልግ ከለበት የሚከተሉ መሆኑና ለንበረቱ እንዲሁ ባለው ሆኖ የከተማው ከፍድ ፈቻጥ በጥላንና ለተዋወው አገልግሎት ሌሎች ይቻላል::
- 15) በዚህ አንቀጽ ዘዴስ አንቀጽ 14 ሲሆን የተደንገገው በጥርጋው ከዚህ በራት ለእንዲከተሉት በክልል ለሚፈጥሩት ተስተቶ የየበደዘገታት ስነድ የለለው በራት የተፈቀደለትን አገልግሎት በመሆቱ ሌሎች እያከሂድ ከልሆነ የከተማው መስተዳደር መሆቱ ሌሎች ለለው ታስቦት ከሆነ ስወጪ መሆኑን ለሰላ ለማት ሌሎች ይቻላል፡፡በርሃኑ በሚውጠው መመሪያ የሚመስን ይመናል::

- 11) Where an old possession without possession certificate and it has a house providing mixed service, the service type which covers more than 50% of the total possession shall be considered as the service type the land.
- 12) Where former service type of an old possession without possession certificate is converted by a plan, the evidence to be given shall be the service it is providing and it shall indicate that the construction found in that place the shall only be renewed but not amended and a new construction shall not be conducted;
- 13) Notwithstanding to the provision of sub article 12 of this article, where the site may be used for another development by the possessor as per the existing allotment plan and standard, it may be permitted to the possessor for such service. However, where the possessor wants to be entertained by requesting a place as a substitute for the land giving service without requesting compensation, his right shall be respected.
- 14) Without prejudice to the provision of sub article 10 of this article, where the urban administration has urban plan program to be implemented in such possession, it shall provide a substitute land and effect compensation payment in accordance with relevant law and may implement the land for the service it is planned;
- 15) Notwithstanding to the provision of sub-article 14 of this article, concerning the land provided by rent system for investment and without possession certificate and has not been not conducting the previously permitted service on such land, the urban administration shall pay compensation for the properties on the land and use the land for other development purpose. Its particular shall be decided by the directive to be issued.

**9. Qabiyyee Seeraan Alaa**

- 1) Qabiyyeewan seeraan ala Dambiin Lakk. 155/2005 gaafa guyyaa 24/05/2005 ragga'uun dura qabamanii tajaajilaaf oolaa jiran pilaanii magaalichaan fudhatama kan argatan yoo ta'e, akkaataa istandardii tajaajilichaaf magaalichaaf murtaa'uun ulaagaa qajeelfamaan bahu irratti hunda'aee yeroo tokkoof seera qabeessa ta'uun sirna liizii keessa ni galu.
- 2) Qabiyyeewan seeraan alaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen fudhatama argatan bal'inni qabiyyee fudhatama qabaatu istandardii tajaajilichaaf murtaa'u isa xiqqaa'an ta'ee, gatii ka'umsa liizii gosa tajaajilichaaf murtaa'een ta'a.
- 3) Magaala sirna liizii keessa hin galle keessatti qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa ta'uun gatii kira lafaa gosa tajaajilichaaf waggaan kaffalamu gatii ka'umsa liizii ta'ee sirna liizii keessa gala.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame jiraatus, qabiyyee seeraan alaa irraa lafti istandardii murtaa'een ol ta'ee yoo argame, akkaataa istandardii magaalichaatiin misooma biroof kan hin oolle yoo ta'e gatii caalbaasii wayitaawaan hayyamamuufi ni danda'a.
- 5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 4 jalatti tumameen qabiyyeen seeraan alaa ijaarsi irratti geggeeffame pilaaniin fudhatama argate qajeelfama bahuun seera qabeessa taasisuun gara sirna liiziitti yammuu galu;
- (a) Gosa tajaajila pilaanii irratti kaa'ameen, gatii ka'umsa liizii bu'uureffachuun waliigalteen kan mallatteeffamu ta'a.
- (b) Barri waliigaltee bu'uura daangaa yeroo tajaajilichaaf murtaa'een ta'a.
- (c) Barri waliigaltee lakkaa'amuu kan eegalu guyyaa waliigalteen taaasifame irraa eegalee ta'a.

**9. ማዕከት ደንብ**

- 1) ዓንጻ ቁጥር 155/2005 በ25/05/2005 ካመኝቷው በፊት ተይዘው በአገልግሎት ላይ የለ ማዕከት ደንብ ተመዝግበ ተከተማው ጥንቃ ተቀባዩት የሚያገኘው ከሆነ ለከተማው በተወስኑ የአገልግሎት ላታን ስምምነት መሰረት በመመራሪ ማሳወሻው መሰራርት ላይ ተመስርቶ ለእኔና ገዢ ሁዋዊ በመሆኑ ወደ ል.ሽ ስርዓት ይገባል::
- 2) በዚህ አንቀጽ ዘዴ አንቀጽ 1 ሲሆን በተገለጹው መሰረት ተቀባዩት የገኘ ማዕከት ደንብ ተመዝግበ ተቀባዩት የሚያገኘው የይዘው ስፏት ለአገልግሎቱ በተወስኑው ተዋዋዎች ለታንካርድ ሆኖ ለአገልግሎቱ ዓይነት በተወስኑው የለ.ሽ መነሻ የጋራ ደምናል::
- 3) ወደ ል.ሽ ስርዓት ባልጠኑ ስተማው ወሰኑ ማዕከት ደንብ ተመዝግበ ተቀባዩት የሚያገኘው የይዘው ስፏት በተወስኑው የሚከፈልው የመሰረት ከራይ የጋራ የለ.ሽ መነሻ የጋራ የሚያገኘው ለአገልግሎት ላይ ስርዓት ወሰኑ ይገባል::
- 4) በዚህ አንቀጽ ዘዴ አንቀጽ 2 ሲሆን የተገለጹው በጽርጓሜ በሀገር ማዕከት ላይ ከተወስኑው ለታንካርድ ለሰራ የሚያገኘው መሰረት ከተገኘ በከተማው ለታንካርድ መሰረት ለሰላ ለማት መዋል የሚያገኘው ከሆነ በወቅታዊ የለ.ሽ መሰረት የጋራ ለፈጸም ይገባል::
- 5) በዚህ አንቀጽ ዘዴ አንቀጽ 1 ላይ 4 በተፈነገገው መሰረት በጥንት ተቀባዩት የገኘ ባንባታ የተካሂደበት ማዕከት የሚመጣው መመራሪ ሁዋዊ ተደርሱ ወደ ል.ሽ ስርዓት ለማ፡
  - (ሀ) ጥናት ላይ በተወስኑው የአገልግሎት ዓይነት መሰረት ለለ.ሽ መነሻ የጋራ የሚፈጸም ይገባል::
  - (ለ) የወል ዘመን ለአገልግሎቱ በተወስኑው የገኘ መሰረት ይገባል::
  - (ሐ) የወል ዘመን መቆጠር የሚፈጸም ወል ከተወስኑት ቀን ደምር ይገባል::

**9. Illegal Possession**

- 1) Where an illegal possession which possessed prior to the approval of regulation No.155/2013 on the date 01/02/2013. has been providing service have got acceptance by the plan of the urban center, it shall enter into lease tenure system for one time in accordance with standard of service decided for that urban center depending on the criteria to be issued by the directive; The area of illegal possession acquiring acceptance as per sub - article 1 of this article shall be the minimum standard to be decided for such service and it shall be by the benchmark lease price decided for service;
- 2) Illegal possession in urban center which has not been incorporated into lease system shall be legally incorporated into lease system by making the land rent paid annually for the type of service the benchmark lease price;
- 3) Notwithstanding to the provision of sub-article 2 of this article, where the land on illegal possession is found to be more than the decided standard and is unable to be applied to other development in accordance with standard of the urban center, it shall be permitted by the current tender price.
- 4) Where an illegal possession in accordance with the provision sub-article 1-4 of this article, which a construction performed on it get acceptance by the plan and legally incorporated into lease system by the directive to be issued:- Contractual agreement shall be concluded depending lease benchmark price as per the type of service plan stated.
